IslamHouse.com

# HADIISA AFURTAMMAN NAWAAWWII

الأربعين حديثاً النووية

Qopheessaan

**Imaamu Nawaawii**

Hiikkaan

**Gaalii Abbaaboor**

Gulaalaan

**Shekh Jamal Shekh Muhammad**

Oromo
Oromoo
أورومو



OROMO
OROMOO
أورومو

# الأربعين حديثا النووية

تأليف

الإمام أبي زكريا يحيى بن شرف الدين النووي

ترجمة

الداعية غالي أبابور

مراجعة

الداعية جمال محمد أحمد

This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.

+966 504 442 532

+966 11 445 4900

+966 11 497 0126

P.O.BOX 29465 Riyadh 11457

osoul@rabwah.com

www.osoulcenter.com

Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

# Kitaabni hadissa afurtama nawaawiyyii

jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban gaggabaabaa hadiisaa keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses sheekha guddaa beekamaa abuu zakariyyaa yahyaa sharafuddiin annawaawiyyii jedhama. Rabbi irraa haajaalatu. Akkana jechuun nama beekamaatu kitaaba beekama ummata muslimaatiif gumaache jechuudha.ustaaz gaalii abba boor carraaqa jabaa godhee afaan keenya afaan oromootti hiikee akka ummanni keenya hadiisa ergamaa Rabbii mi'aawaa kana afaan isaatiin dubbisee hubatu godhe. Rabbiin kan kqopheesseefii kan hikes isaan lameenu irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoloojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

Shekh Jamaal shekh Muhammad
shekhjamal@yahoo.com
Abu Saalih Almuhajiri
00966505697461 KSA Riyaadh

# Maqaa Rabbii akkaan mararfataa akkaan rahmataa godhaa ta'eetiin

Faaruun kan Rabbii gooftaa aalamaati; gadi dhaabaa samiifi ardii kan ta'e, uumama hundaa gara gaggalchaa, ergamootas gara ga'eessota cufaa akka isaan qajeelchanuufi ragaa ifaafi hujjaa ifa galaa ta'een akka amantii ibsanuuf ergaa ta'eeti. Ni'imaa Isaa hunda irrattuu isan faarsa. Tola isaatiifi arjummaa Isaa irraas akka naaf dabalun Isa kadha. Dhugaan gabbaramaan Allaah tokkicha injifataa, arjaa, araaramaa ta'e malee akka hin jirre ragaan ba'a. Ammas caalaan keenya Muhammad kan Qur'aana guddaa jijjiiramuu hin qabne, baraa waliin mu'ujizaa yeroo hundaa ta'eefi sunnaa warra ittiin qajeeluuf ifaa ta'een kabajaman, kan jecha gabaabaa ergaa bal'aa qabateefi amantii salphaa ta'een adda ta'an gabricha Rabbii, ergamaa Isaa, jaalalloo Isaafi caalaa uumamaa ta'uu ragaan ba'a. Rahmanni Rabbiif nageenyi Isaa isaan irra haa jiraatu; nabiyyoota biraa irras haa jiraatu. Maatii isaanii hundaafi warra gaggaarii irras haa jiraatu.

Kana booda: Aliyyi bin Abuu Xaalib, Abdullaah bin Mas'uud, Mu'aaz bin Jabal, Abuddardaa'i, Ibn Umar, Ibn

Abbaas, Anas bin Maalik, Abuu Hurayraafi Abuu Sa'iid Alkhudrii irraa رضي الله عنهم kallattii hedduun gabaasa hedduun odeessinee Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "namni ummata kiyyaaf jecha hadiisa afurtama waa'ee amantii ishee irraa ta'e tikse Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa garee warra amantii hubatanii (fuqahaa) fi beektota (Ulamaa) waliin isa kaasa." Gabaasa biraatiin immoo "Rabbiin hubataafi beekaa taasisee isa kaasa" jedhan. Gabaasa Abuddardaa'iitiin immoo "Guyyaa Qiyaamaa isaafin manguddoo ragaa bahaa ta'a" jedhan. Gabaasa Ibn Mas'uudiin immoo "balbala jannataa feeteen seeni isaan jedhama." Gabaasa Ibn Umariin immoo "garee beektotaa keessatti galmeeffamee garee shahiidotaa (wareegamtootaa) keessaan kaafama." Odoma kallattiin hadiisichaa kun baay'atuuyyuu beektoleen hadiisaa da'iifa ta'uu isaa irratti walii galaniiru. Beektoleen boqonnaa kana keessatti kitaaba lakka'amee hin dhumne qopheessaniiru. Namni jalqaba kitaaba barreesse kan ani bare Abdullaah bin Mubaaraki. Ergasii Muhammad bin Aslam beekaa nama gaarii san. Ergasii immoo Alhasan bin Sufyaan Annasaa'ii, Abuu Bakr Al-aajurrii, Abuu Bakr Muhammad bin Ibraahiim Al-asfihaanii, Addaaraquxnii, Alhaakim, Abuu Nu'eem, Abuu Abdurrahmaan Assulamii, Abuu Sa'iid Almaaliinii, Abuu Usmaan Assaabuunii, Abdullaah bin Muhammad Al-ansaarii, Abuu Bakr Albayhaqiifi ummattoota duraaniifi boodaa irraa namoota lakkaa'amanii hin dhumneedha.



Beektolee kanatti hidhachuufi Islaamas tiksuuf jecha hadiisa afurtama kana walitti qabuuf Rabbirra filannoo barbaadeen ture (salaata Istikhaaraa salaateen ture). Hojii fadaa'ilaa (wanta bu'aan isaa himamu) keessatti hadiisa da'iifaan hojjachuu irratti beektoleen walii galaniiru. Kanuma wajjinuu hirkoon kiyya hadiisa kanaa miti; jecha Ergamaa Rabbii ﷺ kan hadiisa sahiiha keessa jirtuudha: "namni isin irraa as jiru isa fagoo jirutti haa dhaqqabsiisu." Ammas jecha isaanii kan "Rabbiin nama jecha kiyya dhaga'ee ishee haffazee (qabatee) akkuma dhaga'een ishee nama biraatti dhaqqabsiise fuula isaa haa ibsu" jedhu fa'i. Itti aansee immoo beektota irraa nama hadiisa afurtama kana waan hundee amantii ilaallatu keessatti walitti qabetu jira. Gariin isaanii immoo furuu'a yookiin damee ilaallatu keessatti, gariin immoo jihaada keessatti, gariin immoo zuhdii keessatti, gariin immoo naamuusa keessatti, gariin immoo khuxbaa keessatti walitti qabetu jira. Hundi isheetuu kaayyoo gaariidha. Nama ishee karoorfate kana cufa irraa Rabbiin haa jaalatu. An immoo arba'iinaa kana irra barbaachisaa ta'e walitti qabuun yaade. Isheenis hadiisa afurtama kana cufa walitti qabatteedha. Hadiisni hundi ishee keessa jiruyyuu bu'uura hundee diinii irraa taateedha. Kan beektoleen 'Islaamni isarra naanna'a' yookiin walakkaan Islaamaa, tokko sadaffaan isaa isarra naanna'a; yookiin waan kana fakkaatu jedhaniidha. Hadiisa afurtama kana keessatti sahiiha ta'uu isheen

of qaba. Irra hedduun ishee sahiiha Bukhaariifi Muslim keessa jirti. Yoo Rabbiin fedhe akka ishee haffazuun laafuufi faayidaan hunda namaa wal ga'uuf jecha sanada irraa gateen dubbadha. Sana booda jecha ishee dhokattuu taate hubachiisuudhaaf dabxii (harakaa ishee ibsuu) hordofsiisa. Nama aakhiraa fedhu cufaafuu sababa hadiisni kun waan barbaachiftuu of keessatti qabatteefi gosa hojii khayrii hunda irrattuu dammaqsuu of keessaa qabduuf hadiisa kana beekuun irraa barbaadama. Kun immoo nama isa xiinxaleef ifaadha. Hirkoon kiyya Rabbirratti; dhimma kiyyas gara Isaan hirkisa. Faaruufi ni'imaanis kan Isaati. Haqa qunnamsiisuufi tiksuunis kanuma Isaati.

# HADIISA

## 1

عن أمير المؤمنين أبي حفص عمر بن الخطاب ﵁، قال: سمعت رسول الله ﷺ يقول: (**إنما الأعمال بالنيات وإنما لكل امرئ ما نوى. فمن كانت هجرته إلى الله ورسوله فهجرته إلى الله ورسوله ومن كانت هجرته لدنيا يصيبها أو امرأة ينكحها فهجرته إلى ما هاجر إليه**).

رواه إمام المحدثين أبو عبد الله محمد بن إسماعيل بن ابراهيم بن المغيره بن برد زبه البخاري الجعفي، [رقم:١] وابو الحسين مسلم بن الحجاج بن مسلم القشيري النيسابوري [رقم:١٩٠٧] ﵄ في صحيحيهما اللذين هما أصح الكتب المصنفه

Ajajaa Mu'uminaa, Abuu Hafs Umar bin Al-Khaxxaab irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga'e: "dalagaan kan sirrii ta'ee argamu niyyaadhaani. Nama hundaafuu wanta inni niyyatetu jira. Namni godaansi isaa (niyyaadhaan) gara Rabbiifi Ergamaa isaa ta'e, godaansi isaa (mindaadhaanis) garuma Rabbiitiifi Ergamaa Isaati. Namni godaansi isaa gara duniyaa ishee argatuu yookiin dubartii ishee fuudhuu taate godaansi isaa (mindaadhaanis) garuma waan itti godaaneeti."[1]





---

1 Yaadan Umdat Al-ahkaam keessatti haasa'e deebiseen asittis dubbadha. Hadiisni kun Islaama keessatti seera bu'uuraa guddaa ta'e of keessaa qaba. Innis niyyaa yoo ta'u, madaalli dalagaa isa irratti hundaa'a. Niyyaa bakka lamatti qooduun ni danda'ama. Isaanis: Ikhlaasaafi niyyaa dalagaa ittiin adda baasanuudha. Ikhlaasa jechuun waan dalaganuun mindaa Rabbiin biraa barbaadanii dalaguudha. Namni ikhlaasa qabu akka wanti Rabbiin biraa hunda irra caalu sirriitti beeka. Kanaafuu bu'aa addunyaa barbaachaaf jecha dalagaa khayrii hin dalagu. Wanti uumama biraa akka baduufi kan Rabbii hafaa akka ta'e ni beeka. Rabbiin ni jedhe: "*Wanti isin biraa ni dhuma. Wanti Rabbiin biraa immoo hafaa dha. Isaan obsaniif mindaa isaanii irra gaarii waan isaan dalagaa turaniitiin isaan mindeessina"* (An-nahl: 96). Namni kana beeke immoo hojiin isaa hundinuu kabajaa nama biraa barbaacha ta'uu bira tarti; akkasumas faayidaa duuniyaa duubatti dhiifti. Fedhii lubbuutiin deemuu irraas ni duroomti. Sawaabuma Rabbii barbaacha qofaaf jecha hojjata. Rabbiin ni jedhe: *"Nama (duniyaa) jerjertuu taate kana fedhu, ishee keessatti nama feeneef waan feene jerjersina. Ergasii Ibidda jahannam arrabsamaa, darbamaa ta'ee kan seenu isaaf goona. Nama Aakhiraa fedhee haala dhugoomsee jiruun hojii ishee isiif hojjate, warra san hojiin isaanii galateeffatamaa ta'eera" (Al-israa'i:18-19)*. Yoo niyyaan inni kun bade hojichi guutummaan guutuutti ni bada. Walumaa galatti hanqinni ikhlaasaa hojii diinii hunda ni jeeqa; sheekoleefi sheekolee wal lolchiise. Daa'iifi daa'ii walitti naqa. Kanaafuu Rabbiin sodaannee fuula isaa barbaachaaf qofa haa dalagnu. Niyyaan inni lammaffaa immoo gosa hojii adda baasuuf tajaajila. Fakkeenyaaf salaata sunnaafi waajiba adda baasuuf nu gargaara. Dhiqannaa aadaafi kan janaabaa adda foo'uuf tajaajila. Inni kun ammas mutaaba'aa yookiin Rasuula hordofuu keessattis ga'ee guddaa qaba.

Hadiisa kana kan gabaase dura bu'aa hayyoota hadiisaa kan ta`an lamaan Abuu Abdullaah Muhammad bin Ismaa`iil bin Ibraahim bin Mugiiraa bin Bardizbah Al-Bukhariifi Abuu Al-Huseyn Muslim bin Al-Hajjaj bin Muslim Al-Qusheyriyyi An-neysaabuuriyyi kitaabolee isaani sahiiha ta'an keessatti gabaasani.

**Waan hadiisicha irraa fudhatamu**

1. Dalagaan tokko fayyaa ta'ee argamuufi baduun isaa niyyaa irratti hundaa'a.
2. Dalagaan heeyyamamaa ta`e kamiyyuu niyyaa gaariidhaan yoo dalagame ibaadaa ni ta`a.
3. Namni Muslimaa dalagaa hunda keessatti niyyaa isaa sirreeffatee (jaalala Rabbii barbaachaaf) dalaguu barbaachisa.
4. Niyyaan dalagaa kamiifuu ulaagaa isa bu'uuraati. Garuu daangaa dabree ittiin shayxaanni nama seenuu hin qabu.
5. Niyyaan bakki ishee qalbii dha; kanaafuu afaaniin ishee jedhuun bida'aa dha. Kan imaam As-shaafi'iin salaata jalqaba irratti ni jedhama jedhaniiruun irraa odeeffamu kijiba malee isaan eessattuu hin jenne.
6. Nama argisiifachuufi dhageessisiifachuu irraa eeggachuun dirqama. Akkasumas hojii mindaan Rabbii ittiin barbaadamu addunyaaf jecha dalaguu irraa eeggachuun barbaachisaa dha. Sababni isaas kun hundinuu badii guddaa ta'a.
7. Dalagaa qalbiitti bakka guddaa kennuu qabna.
8. Godaansi dalagaa guddaa ta'uu hubanna.





# HADIISA

## 2

عن عمر ﵁ أيضا، قال: بينما نحن جلوس عند رسول الله ﷺ ذات يوم اذ طلع علينا رجل شديد بياض الثياب، شديد سواد الشعر لا يرى عليه أثر السفر ولا يعرفه منا احد. حتى جلس إلى النبي ﷺ فأسند ركبتيه إلى ركبتيه ووضع كفيه على فخذيه، وقال: (يا محمد أخبرني عن الإسلام). فقال رسول الله ﷺ: (**الإسلام أن تشهد أن لا إله إلا الله وأن محمد رسول الله وتقيم الصلاة وتؤتي الزكاة وتصوم رمضان وتحج البيت إن استطعت اليه سبيلا**). قال: صدقت. فعجبنا له، يسأله ويصدقه؟ قال: فأخبرني عن الإيمان. قال: (**أن تؤمن بالله وملائكته وكتبه ورسله واليوم الاخر وتؤمن بالقدر خيره وشره**). قال: صدقت. قال: فأخبرني عن الإحسان. قال: (**ان تعبد الله كأنك تراه، فإن لم تكن تراه فإنه يراك**). قال: فأخبرني عن الساعة. قال: (**ما المسؤول عنها بأعلم من السائل** )، قال: فأخبرني عن أماراتها. قال: (**أن تلد الأم ربتها، وان ترى الحفاة العراة العالة رعاء الشاء يتطاولون في البنيان**)، ثم انطلق، فلبثت مليا، ثم قال: (**يا عمر أتدري من السائل؟**) قلت: (الله ورسوله أعلم). قال: (**فإنه جبريل، اتاكم يعلمكم دينكم**). رواه مسلم [رقم: ٨].

Ammas Umar bin Al-Khaxxaab irraa odeeffamee ﵁

ni jedhe: 'Guyyaa tokko odoo nuti Ergamaa Rabbii ﷺ bira teenyuu namni tokko kan uffanni isaa akkaan adiifi rifeensi isaa akkaan gurraacha ta'e kan mallattoon imalaa isa irratti hin mul'anneefi nurraa namni tokkollee isa hin beekin tokko dhufee Nabiyyii ﷺ bira taa'e. Jilba isaa gara jilba isaaniitti hirkisee ganaa harka isaa sarbaa isaanii irra kaa'ee "yaa Muhammad! Waa'ee Islaamaa irraa natti himi" jedhe. Ergamaan Rabbii ﷺ "Islaamni dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee akka hin jirre, Muhammad immoo Ergamaa Rabbii akka ta'e ragaa bahuu, salaata sirnaan salaatuu, Zakaa kennuu, Ramadaana soomuu, yoo (Ka'abaa dhaquuf) karaa gara isaa dandeesse manicha hajja'uudha" jedhaniin. 'Dhugaa jette' jedheen. Dubbiin isaa nu dinqisiise; gaafatee ka'ee dhugaa jette jedha. 'Waa'ee Iimaanaa irraas naaf himi' jedheen. "Rabbiifi maleeykota Isaatti, kitaabota Isaatti, ergamoota Isaatti, guyyaa dhumaatti, qadara (murtii Rabbiitti) gaariis ta'ee hamaatti amanuu dha" jedhaniin. 'Dhugaa jette" jedheen. 'Waa'ee Ihsaanaa (toltuu) naaf himi' jedheen. "Akka waan argituutti Rabbiin gabbaruu dha. Yoo ati Isa arguu baattellee, Inni si arga" jedhaniin. 'Waa'ee Guyyaa Qiyaamaa naaf himi' jedheen. "Waa'ee ishee irraa gaafatamaan gaafataa caalaa wanti inni beeku hin jiru" jedhaniin. 'Waa'ee mallattoowwan ishee naaf himi' jedheen. "Gabrittiin gooftaa ishee da'uu, hiyyeeyyiin kopheefi uffata hin qabne kan tiksee re'ootaa turan





ijaarsa gamoo keessatti kan wal dorgoman arguu keeti" jedhaniin. Ergasii ni deeme. Nutis yeroo hanga ta'e ni turre. Sana booda (Nabiyyiin SAW) "yaa Umar! Namni na gaafataa ture eenyuun akka ta'e beektaa?" naan jedhan. 'Rabbiifi ergamaa Isaatu beeka'n jedheen. "Inni Jibriil ture. Dhimma amantii (diinii) keessanii isin barsiisuuf isin bira dhufe" naan jedhan. Muslimtu gabaase.

**Waan Hadiisicha irraa fudhatamu**

1. Muhammad Xiyyoo hiika hadiisa kanaa Riyaada keessatti hike jalatti ni jedhe: Mu'iminoonni bifa ofii isaaniitii wal waamaniin Nabiyyicha ﷺ akka hin waamne Rabbiin Qur'aana keessatti dhorgeera. Jibriil Nabiyyii maqaa isaaniitiin kan waame eenyummaa ofii dhoksuuf ta'uutu mala yookiin immoo ajajni Qur'aanaa kun kan maleeykota hin ilaallanne ta'uu danda'a.
2. Iimaana jechuun hundeewwan amantichaa amananii fudhachuu yoo ta'u, Islaamni immoo ajajoota shari'aa raawwachuudha. Lamaanuu yaadmireewwan walitti hidhaa qabu qaban. Iimaanni Islaamaan alatti, Islaamnis iimaanaan alatti fudhatama hin qabu. Iddoon bakka wal bu'anii itti hojjatanis ni jira.
3. Namni Muslimaa kamillee jecha tawhiidaa (shahaadaa) arraba isaatiin jechuu, qalbii isaatiin dhugoomsuufi ergaa isheetti hojjachuu qaba.

4 Gaaffiifi deebii Nabiyyiifi Jibriiliin gidduutti godhame keessatti, sirni mariifi gaafiifi deebiin itti gaggeeffamu, akkasumas tooftaan barataan barsiisaa isaatti ittiin dhihaatu calaqqiseera.

5 Jibriil Nabiyyii ﷺ fuuldura taa'uun isaa, iddoo ilmiin itti kennamu kabajuuniifi sirnoota iddoo ilmiitti eegamuu qaban nutti mul'isa.

6 Guyyaan murtii yoom akka ta'e yeroo isaa Rabbiin eenyuufillee hin ibsine. Garuu guyyaan murtii akka dhihaate kan akeekan mallattooleen baay'een ni jiru. Mallattoolee kanneen keessaa dhufaatiin Iisaafi Dajjaal, dhiyaan bahuun aduufi kkf warreen gugurdoo dha.

7 Wanti ilma namaa jalaa dhokatu hunduu Rabbiin hin dhokatu. Kanaafuu Muslimni Rabbiin guddaan na argaara jedhee amanuu qaba. Akkasumas waan dalagu hunda keessatti Rabbiin bir`achuu qaba.

# HADIISA

## 3

عن أبي عبد الرحمن عبد الله بن عمر بن الخطاب رضي الله عنهما، قال: سمعت رسول الله ﷺ يقول: (**بني الإسلام على خمس: شهادة أن لا إله إلا الله وأن محمد رسول الله، وإقامة الصلاة، وإيتاء الزكاة، وحج البيت، وصوم رمضان**) رواه البخاري [رقم: ٨] ومسلم [رقم: ١٦].





Abuu Abdurrahamaan Abdullaah bin Umar bin Al-Khaxxaab irraa odeeffamee رضي الله عنهما ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga'e: ***"Islaamummaan waa shan irratti ijaarame: Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan akka hin jirreefi Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta`an ragaa ba`uu, Salaata sirnaan salaatuu, Zakaa kennuu, manicha (Ka'abaa) Hajjii dhaquufi Ramadaana soomuudha."*** Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

# HADIISA

## 4

عن أبي عبد الرحمن عبد الله بن مسعود رضي الله عنه، قال: حدثنا رسول الله ﷺ -وهو الصادق المصدوق-: (**إن أحدكم يجمع خلقه في بطن أمه أربعين يوما نطفه، ثم يكون علقة مثل ذلك، ثم يكون مضغة مثل ذلك، ثم يرسل إليه الملك، فينفخ فيه الروح، ويؤمر بأربع كلمات: بكتب رزقه، واجله، وعمله، وشقي أم سعيد ؛ فوالله الذي لا إله غيره إن أحدكم ليعمل بعمل أهل الجنه حتى ما يكون بينه وبينها إلا ذراع فيسبق عليه الكتاب فيعمل بعمل أهل النار فيدخلها. وإن أحدكم ليعمل بعمل أهل النار حتي ما يكون بينه وبينها إلا ذراع فيسبق عليه الكتاب فيعمل بعمل أهل الجنة فيدخلها**). رواه البخاري [رقم: ٣٢٠٨] ومسلم [رقم: ٢٦٤٣].

Abuu Abdurrahmaan Abdullaah bin Mas`uud irraa 0deeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ kan dhugaa dubbataafi dhugeeffamaa ta`an nuuf odeessan: "tokkoon keessan uumamni isaa garaa haadha isaa keessatti guyyaa

afurtamatti bishaan saalaa ta'ee walitti qabama. Ergasii fakkaataadhuma sanaan (guyyaa afurtamatti) dhiiga itite ta'a. Ammas ergasii fakkaataadhuma sanaan (guyyaa afurtamatti) gumaa foonii (foon hanga alalfatamuu) ta'a. Sana booda maleykaan itti ergamee lubbuu isa keessatti afuufee himoota afuritti ajajama: isaanis soorata isaa, umurii isaa, hojii isaatiifi nama salphataa yookiin milkaa'aa ta'uu barreessuudha. Rabbii isa gabbaramaan dhugaa Isa malee hin jirreen kakadhee tokkoon keessan hanga gidduu isaatiifi gidduu ishee hanga dhudhumaa malee hin hafnetti hojii warra jannataa hojjata. Galmeen isaa isa irratti dursee hojii warra ibiddaa hojjatee ishee seena. Ammas tokkoon keessan hanga gidduu isaatiifi gidduu ishee hanga dhudhumaa malee hin hafnetti hojii warra ibiddaa hojjata. Galmeen isaa isa irratti dursee hojii warra jannataa hojjatee ishee seena. Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

# HADIISA

## 5

عن ام المؤمنين أم عبد الله عائشة رضي الله عنها، قالت: قال رسول الله صلي الله ﷺ: **(من أحدث في أمرنا هذا ما ليس منه فهو رد)**. رواه البخاري [رقم: ٢٦٩٧]، ومسلم [رقم:١٧١٨]. وفي رواية لمسلم: **(من عمل عملا ليس عليه أمرنا فهو رد)**.

Haadha mu'umintootaa, Ummu Abdullaa Aa'ishaa irraa odeeffamee رضي الله عنها ni jette: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan:




"namni ajaja keenya kana keessatti waan isarraa hin taane itti dabale isarratti deebifama." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan. Gabaasa Muslim keessatti immoo ***"namni hojii nuti itti hin ajajin hojjate isarratti deebifama"*** jedha.

# HADIISA

## 6

عن أبي عبد الله النعمان بن بشير رضي الله عنهما، قال: سمعت رسول الله ﷺ يقول: **(إن الحلال بين، وإن الحرام بين، وبينهما أمور مشتبهات لا يعلمهن كثير من الناس، فمن اتقى الشبهات فقد استبرأ لدينه وعرضه، ومن وقع في الشبهات وقع في الحرام، كالراعي يرعى حول الحمى يوشك أن يرتع فيه،ألا وإن لكل ملك حمى، ألا وإن حمى الله محارمه، ألا وإن في الجسد مضغة إذا صلحت صلح الجسد كله، وإذا فسدت فسد الجسد كله، ألا وهي القلب)**. رواه البخاري [رقم: ٥٢] ومسلم [رقم: ١٥٩٩]

Abuu Abdullaah Annu'umaan bin Bashiir irraa odeeffamee رضي الله عنهما ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga'e: "dhugumatti halaalli ifa galaadha; haraamnis ifa galaadha. Jidduu isaanii immoo wantoota wal fafakkaatoo hedduun namootaa hin beeknetu jiru. Namni wantoota wal fafakkaatoo kana dhiise dhugumatti amantii isaatiifi kabajaa isaatiifis qulqullaa'eera. Namni wantoota wal fafakkaatoo keessa seene immoo haraama keessa seeneera. Inni akka tiksee naannoo daangaa irra tiksuu kan keessa isaa (seentee) dheeduutti dhihaattuuti.

Dhaga'aa! Mootolii hundaafuu daangaatu jira. Dhaga'aa! Daangaan Rabbii immoo waan inni haraama godheedha. Dhaga'aa! Qaama keessa foon muraa wahiitu jira. Yeroo isheen tolte qaamni hunduu tole; yeroo isheen baddes qaamni hunduu bade. Dhaga'aa! Isheen qalbiidha." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

## HADIISA
## 7

**عن أبي رقية تميم بن أوس الداري ﵁، أن النبي ﷺ قال: (الدين النصيحة). قلنا: لمن؟ قال: (لله، ولكتابه، ولرسوله، ولأئمة المسلمين وعامتهم).** رواه مسلم [رقم: ٥٥].

Abuu Ruqayyaa Tamiim bin Aws Addaariyyi irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "amantiin (Islaamaa) toltuu waliif yaaduudha." 'Eenyuuf?' jenne. Ni jedhan: "Rabbiif, kitaaba Isaatiif, Ergamaa Isaatiif, dura bu'oota Muslimaatiifi cufa Muslimaatiif." Muslimtu gabaase.

## HADIISA
## 8

**عن ابن عمر ﵄، ان رسول الله ﷺ قال: (أمرت أن أقاتل الناس حتى يشهدوا أن لا إله إلا الله وأن محمد رسول الله، ويقيموا الصلاة، ويؤتوا**



**الزكاة؛ فإذا فعلوا ذلك عصموا مني دماءهم وأموالهم إلا بحق الإسلام، وحسابهم على الله تعالى).** رواه البخاري [رقم:٢٥] ومسلم [رقم: ٢٢]

Ibn Umar irraa odeeffamee ﵄ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "hanga namoonni 'Rabbi malee dhugaan gabbaramaan hin jiru; Muhammad immoo ergamaa Rabbiiti' jechuu ragaa ba'an, salaata sirnaan salaataniifi zakaa kennanitti ittiin loluun ajajame. Yeroo kana raawwatan dhiiga isaaniitiifi qabeenya isaanii, waan haqa isheetiin ta'e malee, narraa tiksataniiru. Qormaanni isaanii immoo Rabbii ol ta'erra jira." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

## HADIISA
## 9

**عن أبي هريرة عبدالرحمن بن صخر ﵁، قال: سمعت رسول الله ﷺ يقول: (ما نهيتكم عنه فاجتنبوه، وما أمرتكم به فأتوا منه ما استطعتم، فإنما أهلك الذين من قبلكم كثرة مسائلهم واختلافهم على انبيائهم).** رواه البخاري [رقم: ٧٢٨٨]، ومسلم [رقم: ١٣٣٧]

Abuu Hurayraa, Abdurrahmaan bin Sakhr irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga'e: "waan an irraa isin dhorge irraa fagaadhaa; waan an itti isin ajaje immoo hanga dandeessaniin hojjadhaa. Wanti warra isiniin duraa balleesseyyuu gaaffii baay'isuu isaaniitiifi nabiyyoota isaanii irratti wal dhabuu qofa." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

# HADIISA

## 10

عن أبي هريرة ﵁، قال: قال رسول الله ﷺ: **(إن الله تعالى طيب لا يقبل إلا طيبا، وإن الله أمر المؤمنين بما أمر به المرسلين فقال تعالى: ﴿يا أيها الرسل كلوا من الطيبات واعملوا صالحا﴾، وقال تعالى: ﴿يا أيها الذين امنوا كلوا من طيبات ما رزقناكم﴾، ثم ذكر الرجل يطيل السفر أشعث أغبر يمد يده إلى السماء: يا رب! يا رب! ومطعمه حرام ومشربه حرام وملبسه حرام وغذي بالحرام فأنى يستجاب له؟.** رواه مسلم [رقم: ١٠١٥].

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “Rabbiin ol ta’e gaariidha; (hojii irraas) gaarii malee hin qeebalu. Ammas Rabbiin waanuma ergamoota ajajetti Mu’umintoota ajaje. Rabbiin ol ta’e ni jedhe: ***‘yaa ergamootaa waan gaggaarii irraa nyaadhaatii dalagaa gaarii hojjadhaa.’*** Ammas Rabbiin ol ta’e ni jedhe: ***‘yaa warra amantan! Gaggaarii waan nuti isin soorree irraa nyaadhaa.”*** Sana booda waa’ee namicha imala dheeressuu, kan rifeensi mataa isaa fajaajaa, dhukkaa’aa ta’e harka isaa gara samiitti dheeressee ‘yaa Rabbi!, yaa Rabbi!’ jedhu, kan nyaanni isaa haraamaa, dhugaatiin isaa haraamaa, uffannaan isaa haraamaafi haraamaan dhangi’ame dubbatanii “akkamumatti isaaf qeebalama” jedhan. Muslimtu gabaase.





# HADIISA

## 11

عن أبي محمد الحسن بن على بن ابي طالب سبط رسول الله ﷺ وريحانته ﵁، قال: حفظت من رسول الله ﷺ: **(دع ما يريبك إلى ما لا يريبك)**. رواه الترمذي [رقم: ٢٥٢٠]، والنسائي [رقم: ٥٧١١]، وقال الترمذي: حديث حسن صحيح.

Abuu Muhammad Alhasan bin Aliyyi bin Abuu Xaalib, akaakayyuu (ilmoo ilmoo) Ergamaa Rabbiitiifi ﷺ jaalallee isaanii kan ta’e irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaa Rabbii ﷺ irraan “waan si shakkisiise dhiisii gara waan si hin shakkisiifneetti dabi” jechuu haffaze. Tirmiziifi Nasaa’iitu gabaasan. Tirmiziin hadiisicha ‘hasan sahiiha’ jedhe.

# HADIISA

## 12

عن أبي هريرة ﵁، قال: قال رسول الله ﷺ: **(من حسن إسلام المرء تركه ما لا يعنيه)**. حديث حسن، رواه الترمذي [رقم: ٢٣١٨] ابن ماجه [رقم: ٣٩٧٦].

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “namni tokko waan isa hin ilaallanne (isa hin galchine) dhiisuun Islaamummaan isaa toluu irraayi.” Hadiisichi hasani. Tirmiziifi namoonni biroos bifa kanaan gabaasaniiru.

# HADIISA
## 13

عن أبي حمزة أنس بن مالك ﵁، خادم رسول الله ﷺ، عن النبي ﷺ قال: (**لا يؤمن احدكم حتي يحب لأخيه ما يحبه لنفسه**). رواه البخاري [رقم: ١٣]، ومسلم [رقم: ٤٥].

Abuu Hamzaa, Anas bin Maalik, tajaajilaa Ergamaa Rabbii ﷺ irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "tokkoon keessan hanga waan lubbuu isaatiif jaalatu obboleessa isaatiifis jaalatutti hin amanu." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

# HADIISA
## 14

عن ابن مسعود ﵁، قال: قال رسول الله ﷺ: (**لا يحل دم امرىء مسلم [يشهد أن لا إله إلا الله، وأني رسول الله] إلا بإحدي ثلاث: الثيب الزاني، والنفس بالنفس، والتارك لدينه المفارق للجماعة**). رواه البخاري [رقم: ٦٨٧٨]، ومسلم [رقم: ١٦٧٦].

Ibn Mas'uud irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "dhiigni nama Muslimaa waa sadan tokkoon maleetti halaala hin ta'u: nama erga fuudhee zinaa godhe, lubbuun lubbuudhaan, nama amantii isaa dhiisee jamaa'aa irraa adda ba'eedha." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.



# HADIISA
## 15

عن أبي هريرة ﵁، ان رسول الله ﷺ قال: (**من كان يؤمن بالله واليوم الأخر فليقل خيرًا أو ليصمت، ومن كان يؤمن بالله واليوم الأخر فليكرم جاره، ومن كان يؤمن بالله واليوم الأخر فليكرم ضيفه**). رواه البخاري [رقم: ٦٠١٨]، ومسلم [رقم: ٤٧].

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "namni Rabbiifi guyyaa Aakhiraatti kan amanu ta'e gaarii haa dubbatu yookiin haa callisu. Ammas namni Rabbiifi guyyaa Aakhiraatti kan amanu ta'e ollaa isaa haa kabaju. Ammas namni Rabbiifi guyyaa Aakhiraatti kan amanu ta'e keessummaa isaa haa kabaju." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

# HADIISA
## 16

عن أبي هريرة ﵁، ان رجلا قال للنبي ﷺ: أوصني. قال: (**لا تغضب**)، فردد مرارًا، قال: (**لا تغضب**). رواه البخاري [رقم: ٦١١٦].

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: 'namichi wahii Nabiyyiidhaan ﷺ 'naaf dhaami' jedhe. "Hin dallanin" jedhaniin. Ammas yeroo baay'ee deddeebise. "Hin dallanin" jedhaniin. Bukhaariitu gabaase.

# HADIISA

## 17

عن أبي يعلى شداد بن اوس ﵁، عن الرسول ﷺ قال: (**إن الله كتب الإحسان على كل شيء، فإذا قتلتم فأحسنوا القتلة، وإذا ذبحتم فأحسنوا الذبحة، وليحد أحدكم شفرته، وليرح ذبيحته**). رواه مسلم [رقم: ١٩٥٥].

Abuu Ya'alaa Shaddaad bin Aws irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "Rabbiin waan hunda keessattuu gaaromsuu barreesseera (dirqama godheera). Yeroo ajjeeftan ajjeechaa bareechaa. Yeroo gorraatanus gorraasuu gaaromsaa. Tokkoon keessan hablee isaa haa qarfatu; gorra'amtuu isaas haa boqachiisu." Muslimtu gabaase.

# HADIISA

## 18

عن أبي ذر جندب بن جنادة، وأبي عبد الرحمن معاذ بن جبل ﵄، عن الرسول ﷺ، قال: (**اتق الله حيثما كنت، وأتبع السيئة الحسنة تمحها، وخالق الناس بخلق حسن**). رواه الترمذي [رقم: ١٩٨٧] وقال: حديث حسن، وفي بعض النسخ: حسن صحيح.

Abuu Zarri Jundub bin Junaadaatiifi Abuu Abdurrahmaan Mu'aaz bin Jabal irraa odeeffamee ﵄ ni jedhan: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "bakkuma jirtu hundattuu Rabbiin sodaadhu. Badii duukaa achumaan khayrii hordofsiisi[1]. Haala gaariidhaan namoota waliin jiraadhu." Tirmiziitu gabaase. Hadiisichi hasan jedhe. Nuskhaa garii keessatti immoo hasan sahiiha jedhe.

# HADIISA

## 19

عن أبي العباس عبدالله بن عباس ﵄، قال: كنت خلف النبي ﷺ يوما، فقال: (**يا غلام! إني اعلمك كلمات: احفظ الله يحفظك، احفظ الله تجده تجاهك، إذا سألت فاسأل الله، وإذا استعنت فاستعن بالله، واعلم أن الأمة لو اجتمعت على أن ينفعوك بشيء لم ينفعوك إلا بشيء قد كتبه الله لك، وإن اجتمعوا على أن يضروك بشيء لم يضروك إلا بشيء قد كتبه الله عليك ؛ رفعت الأقلام، وجفت الصحف**). رواه الترمذي [رقم: ٢٠١٦] وقال: حديث حسن صحيح. وفي رواية غير الترمذي: (**احفظ الله تجده أمامك، تعرف إلى الله في الرخاء يعرفك في الشدة، واعلم أن ما أخطأك لم يكن ليصيبك، وما أصابك لم يكن ليخطئك، واعلم ان النصر مع الصبر، وان الفرج مع الكرب، وان مع العسر يسرا**).

Abul Abbaas Abdullaah bin Abbaas irraa odeeffamee ﵄ ni jedhe: 'guyyaa tokko duuba Ergamaa Rabbiin ﷺ ture. Ni jedhan: "yaa gurba! Ani himootii wahiin si

1 Kana jechuun yeroo dogongortee badii hojjatte badii sanarra hin turi-nii toltuu hojjadhuudha. Namni si'a tokko balleesseera jedhee isa duukaa ooluu hin qabu. Ariitiin tawbachuutu irraa eegama.

barsiisa: Rabbiin tiksi inni si tiksa; Rabbiin tiksi fuuldura keetti isa argita. Yeroo kadhattu Rabbiin kadhu. Yeroo gargaarsa barbaaddu Rabbirraa barbaadi. Ummanni odoma si fayyaduu irratti walii galaniiyyuu waan Rabbiin siif barreesseen malee si hin fayyadanuu beeki. Yoo si miidhuu irratti walii galanis waan Rabbiin sirratti barreesseen malee si hin miidhanuus beeki. Qalamiin ol kaafamteetti; waraqaanis gogdeetti." Tirmiziitu gabaase. Hadiisichi hasan sahiiha jedhe. Gabaasa biraatiin immoo ni jedhan: "Rabbiin tiksi fuuldura keetti isa argita. Yeroo bal'inaa keessa gama Rabbiitti beekami; yeroo cinqii si beeka. Beeki! Wanti si bira tare kan si tuqu hin taane; wanti si tuqes kan si bira taru hin taane. Tumsi obsa waliin, qaawwi banamuun rakkoo waliin ta'uufi dhiphina wajjin bal'inni akka jiru beeki."

## HADIISA

## 20

عن أبي مسعود عقبة بن عمرو الأنصاري البدري ﵁ قال: قال رسول الله ﷺ: (**إن مما أدرك الناس من كلام النبوة الأولى: إذا لم تستح فاصنع ما شئت**). رواه البخاري [رقم: ٣٤٨٣]

Abuu Mas'uud Uqbaa bin Amr Al-ansaarii Al-badrii irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "haasawa nabiyyoota duraanii kan namoonni itti dhaqqaban irraa tokko 'ogga hin qaanfanne waanuma feete hojjadhu' kan jedhutu jira." Bukhaariitu gabaase.





## HADIISA

## 21

عن أبي عمرو، وقيل أبي عمرة؛ سفيان بن عبد الله الثقفي ﵁، قال: قلت: يا رسول الله! قل لي في الإسلام قولاً لا أسأل عنه أحدًا غيرك؛ قال: (**قل: آمنت بالله، ثم استقم**). رواه مسلم [رقم: ٣٨]

Abuu Amr, Abuu Umraas jedhameera Sufyaan bin Abdullaa irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: 'yaa Ergamaa Rabbii! Islaama keessatti jecha ani isin malee nama biraa hin gaafanne wahii natti himaa'n jedhe. Ni jedhan: "Rabbitti amane jedhii ergasii achirratti gadi dhaabbadhu." Muslimtu gabaase.

## HADIISA

## 22

عن أبي عبدالله جابر بن عبدالله الأنصاري ﵄: أن رجلا سأل رسول الله ﷺ، فقال: أرأيت إذا صليت المكتوبات، وصمت رمضان، وأحللت الحلال، وحرمت الحرام، ولم أزد على ذلك شيئًا؛ أأدخل الجنة؟ قال: (**نعم**). رواه مسلم [رقم: ١٥].

Abuu Abdillaah Jaabir bin Abdillaah Al-ansaarii irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: namni wahii Ergamaa Rabbii

ﷺ gaafatee ni jedhe: ‘meef naaf himaa! Yeroon salaata dirqamaa shanan salaate, Ramadaana soome, halaalli halaala ta’uu isaa amaneefi haraamnis haraama ta’uu amanee irraa fagaadhee homaa sana irratti dabaluu dhiise jannata nan seenaa?’ “Eeyyee” jedhan. Muslimtu gabaase. Hiikti haraama haraamomsuu jedhu irraa fagaachuudha. Halaala halaalomfachuu jechuun immoo eeyyamamaa ta’uu isaa amananii hojjachuudha.

# HADIISA

## 23

عن أبي مالك الحارث بن عاصم الأشعري رضي الله عنه، قال: قال رسول الله ﷺ: **(الطهور شطر الإيمان، والحمد لله تملأ الميزان، وسبحان الله والحمد لله تملأن - أو: تملأ - ما بين السماء والأرض، والصلاة نور، والصدقة برهان، والصبر ضياء، والقرآن حجة لك أو عليك ؛ كل الناس يغدو، فبائع نفسه فمعتقها، أو موبقها)**. رواه مسلم [رقم: ٢٢٣].

Abuu Maalik Haaris bin Aasim Al-ash’arii irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “qulqullinni walakkaa iimaanaati. Alhamdu lillaah (faaruun kan Rabbiiti) jechuun immoo madaala guutti. Subhaanallaafi Alhamdulillaan immoo lama guutti; yookiin immoo waan jidduu samiifi dachii guutti. Salaanni ifaa calanqisuudha. Sadaqaan immoo ragaadha.





Obsis ifa madda irraa dhufuudha. Qur’aanni siif ragaadha yookiin sirratti ragaadha. Hundi namaatuu ganamaan ba’ee lubbuu isaa daldaala; ishee bilisoomsa yookiin immoo ishee halaaka.” Muslimtu gabaase.

# HADIISA

## 24

عن أبي ذر الغفاري رضي الله عنه، عن النبي ﷺ، فيما يرويه عن ربه تبارك وتعالى، أنه قال: **(يا عبادي: إني حرمت الظلم على نفسي، وجعلته بينكم محرما ؛ فلا تظالموا. يا عبادي! كلكم ضال إلا من هديته، فاستهدوني أهدكم. يا عبادي! كلكم جائع إلا من أطعمته، فاستطعموني أطعمكم. يا عبادي! كلكم عار إلا من كسوته، فاستكسوني أكسكم. يا عبادي! إنكم تخطئون بالليل والنهار، وأنا أغفر الذنوب جميعا فأستغفروني أغفر لكم. يا عبادي! إنكم لن تبلغوا ضري فتضروني، ولن تبلغوا نفعي فتنفعوني. يا عبادي! لو أن أولكمم وآخركم وإنسكم وجنكم كانوا على أتقي قلب رجل واحد منكم، ما زاد ذلك في ملكي شيئًا. يا عبادي! لو أن أولكم وأخركم وإنسكم وجنكم كانوا علي أفجر قلب رجل واحد منكم، ما نقص ذلك من ملكي شيئًا. يا عبادي! لو أن أولكم وأخركم وإنسكم وجنكم قاموا في صعيد واحد، فسألوني، فأعطيت كل واحد مسألته، ما نقص ذلك مما عندي إلا كما ينقص المخيط إذا أدخل البحر. يا عبادي! إنما هي أعمالكم أحصيها لكم، ثم أوفيكم إياها ؛ فمن وجد خيرًا فليحمد الله، ومن وجد غير ذلك فلا يلومن إلا نفسه)**. رواه مسلم [رقم: ٢٥٧٧].

Abuu Zarri Alghifaarii irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe:

Nabiyyiin ﷺ waan Rabbii isaanii irraa odeessan keessatti Rabbiin ni jedhe: “yaa gabroota koo! Ani miidhaa ofirratti haraama taasiseera. Jidduu keessanittis haraama isa godheera; kanaafuu wal hin miidhinaa. Yaa gabroota koo hundi keessanuu jallataadha nama ani qajeelche malee; qajeeluma narra barbaadaa isinin qajeelcha. Yaa gabroota koo! Hundi keessanuu beela’aadha nama ani nyaachise malee; nyaata narra barbaadaa isinin nyaachisa. Yaa gabroota koo hundi keessanuu daaraadha (huccuu dhabaadha); uffannaa narra barbaadaa isinin uffisa. Yaa gabroota koo isin halkaniifi guyyaa ni dogongortu; ani immoo dilii hundaa nan araarama. Araarama narra barbaadaa isiniifin araarama. Yaa gabroota koo! Isin na miidhuutti dhaqqabdanii ana hin miitanu; na fayyaduuttis dhaqqabdanii ana hin fayyaddanu. Yaa gabroota koo! Odoo jalqabni keessaniifi dhumti keessan, namoonni keessaniifi jinnoonni keessan hunduu qalbii nama isin keessaa hundarra Rabbiin sodaatu wahii irratti taataniiyyuu sun mootummaa koo irratti homaa hin dabalu. Yaa gabroota koo! Odoo jalqabni keessaniifi dhumti keessan, namoonni keessaniifi jinnoonni keessan hunduu qalbii nama isin keessaa hundarra fincilaa wahii irratti taataniiyyuu sun mootummaa koo irraa homaa hin hir’isu. Yaa gabroota koo! Odoo jalqabni keessaniifi dhumti keessan, namoonni keessaniifi jinnoonni keessan hunduu dirree tokko keessa dhaabattanii na kadhannaan hundaafuu kadhaa isaa kennee sun waan na bira jiru irraa




hanga lilmoon ogga galaana seene hir’isu malee homaa hin hir’isu. Yaa gabroota koo! wanta dalagaa keessan taate hundaayyuu walittin isiniif qaba. Ergasii guuteen mindaa ishee isiniif galcha. Namni gaarii argate Rabbiin haa faarsu. Namni sanaan ala argate lubbuu isaa malee homaa hin komatin.” Muslimtu gabaase.

# HADIISA

## 25

عن أبي ذر ﵁ أيضا، أن ناسًا من أصحاب رسول الله ﷺ قالوا للنبي ﷺ: يا رسول الله ذهب أهل الدثور بالاجور؛ يصلون كما نصلي، ويصومون كما نصوم، ويتصدقون بفضول أموالهم. قال ﷺ: **(أوليس قد جعل الله لكم ما تصدقون؟ إن لكم بكل تسبيحة صدقة، وكل تكبيرة صدقة، وكل تحميدة صدقة، وكل تهليلة صدقة، وأمر بالمعروف صدقة، ونهي عن المنكر صدقة، وفي بعض أحدكم صدقة)**. قالوا: يا رسول الله، أيأتي أحدنا شهوته ويكون له فيها أجر؟ قال: **(أرأيتم لو وضعها في حرام، أكان عليه وزر؟ فكذلك إذا وضعها في الحلال، كان له أجر)**. رواه مسلم [رقم: ١٠٠٦].

Ammas Abuu Zarri irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: namoonni sahaabaa Ergamaa Rabbii ﷺ irraa ta’an Nabiyyiidhaan ﷺ ni jedhan: ‘yaa Ergamaa Rabbii ﷺ warri qabeenyaa mindaadhaan nu gatanii fagaataniiru; akka nuti salaannutti salaatu; akkuma nu soomnutti soomu. Hafaa qabeenya isaanii immoo ni sadaqatu.’ Ni jedhaniin: “Rabbiin dhugumatti waan isin sadaqattan

isiniif hin goonee! Tasbiihiin (subhaanallaah jechuun) hunduu sadaqaadha. Takbiiraan hunduu sadaqaadha. Alhamdulillaah jechuun hunduu sadaqaadha. Gaariitti ajajuun sadaqaadha. Hamtuu irraa dhorguun sadaqaadha. Wal qunnamtii tokkoo keessanii keessas sadaqaatu jira." 'Yaa Ergamaa Rabbii ﷺ tokkoon keenya fedhii isaatiif jecha raawwannaan mindaan ishee keessa isaaf jiraataa?' jedhan. Ergamaan Rabbii ﷺ "mee naaf himaa! Odoo haraama keessa ishee kaa'ee diliin isarra hin jiraatuu? Akkuma kana yeroo halaala keessa ishee kaa'e immoo mindaatu isaaf jiraata." Muslimtu gabaase.

# HADIISA

## 26

عن أبي هريرة ؓ، قال: قال رسول الله ﷺ: **(كل سلامى من الناس عليه صدقة كل يوم تطلع فيه الشمس تعدل بين اثنين صدقة، وتعين الرجل فى دابته فتحمله عليها أو ترفع له عليها متاعة صدقة، والكلمة الطيبة صدقة، وبكل خطوة تمشيها إلي الصلاة صدقة، وتميط الأذي عن الطريق صدقة)**. رواه البخاري [رقم: ٢٩٨٩]، ومسلم [رقم: ١٠٠٩].

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee ؓ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "birkii lafee ilma namaa cufa irrattuu sadaqaan dirqama. Guyyaa biiftuun keessa baatu cufa keessattuu jidduu nama lamaa ishee keessatti haqaan nagoomsuun sadaqaadha. Namicha geejjiba isaarratti gargaartee irra isa teessisuun yookiin meeshaa isaa isheerratti ol isaaf baasuun sadaqaadha. Haasaan gaariinis sadaqaadha. Tarkaanfii gara masjidaa deemtu hundaanuu sadaqaa argatta. Waan nama rakkisu karaa irraa kaasuun sadaqaadha."Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.




# HADIISA

## 27

عن النواس بن سمعان ؓ، عن النبي ﷺ قال: **(البر حسن الخلق والإثم ما حاك في نفسك وكرهت أن يطلع عليه الناس)**. رواه مسلم [رقم: ٢٥٥٣]. وعن وابصه بن معبد ؓ، قال: أتيت رسول الله ﷺ، فقال: **(جئت تسأل عن البر؟)** قلت: نعم ؛ فقال: **(استفت قلبك ؛ البر ما اطمأنت إليه النفس واطمأن إليه القلب، والإثم ما حاك في النفس وتردد في الصدر، وإن أفتاك الناس وأفتوك)**. حديث حسن، رويناه في مسندي الإمامين أحمد بن حنبل[٤/ ٢٢٧]، والدارمي [٢/ ٢٤٦] بإسناد حسن.

Nawwaas bin Sam'aan irraa odeeffamee ؓ ni jedhe: Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "khayriin amala gaaromuudha. Diliin immoo waan lubbuu kee keessatti si hooksisee namni sirratti bahuu jibbiteedha." Muslimtu gabaase.

Waabisaa bin Ma'abad irraa odeeffamee ؓ ni jedhe: Ergamaa Rabbiitti ﷺ dhufnaan "waa'ee khayrii irraa gaafachuu dhuftee?" naan jedhan. 'Eeyyee'n jedhe. Ni jedhan: "qalbuma kee gaafadhu. Khayrii jechuun waan lubbuun kee ittiin tasgabbaa'eedha; akkasumas qalbiin

ittiin tasgabbaa'eedha. Diliin immoo waan nafsii keessa hooksisee qoma kee keessa deddeebi'eedha. Odoma namoonni siif himanii fatwaa siif godhaniiyyuu (waan qalbiin ittiin tasgabbaa'etu khayriidha)." Hadiisichi hasani. Musnada imaama lamaanii Ahmad bin Hambaliifi Addaaramii keessatti sanada sahiihaan nuuf gabaafame.

## HADIISA

## 28

عن أبي نجيج العرباض بن سارية ؓ، قال: وعظنا رسول الله ﷺ موعظة وجلت منها القلوب، وذرفت منها الدموع، فقلنا: يا رسول الله! كأنها موعظة مودع فأوصنا، قال: **(أوصيكم بتقوى الله، والسمع والطاعة وإن تأمر عليكم عبد، فإنه من يعش منكم فسيرى اختلافا كثيرًا، فعليكم بسنتي وسنة الخفاء الراشدين المهديين عضوا عليها بالنواجذ، واياكم ومحدثات الأمور، فإن كل بدعة ضلاله)**. رواه أبو داود [رقم: ٤٦٠٧] والترمذي [رقم: ٢٦٧٦] وقال: حديث حسن صحيح.

Abuu Najiih, Irbaad bin Saariyaah irraa odeeffamee ؓ ni jedhe: 'Ergamaan Rabbii ﷺ gorsa qalbiin irraa rifattuufi ijji isheerraa imimmaan dhangalaaftu nu gorsan. Ni jenne: 'yaa Ergamaa Rabbii! isheen gorsa dhaammannaa dhumaa fakkaattii nuuf dhaamaa.' Ni jedhan: "sodaa Rabbii, odoma gabrichi Habashaa irraa ta'eyyuu isinirratti moosifameeyyuu dhaga'uufi ajajamuun isiniif dhaama. Namni isin irraa umurii dheeraa jiraate wal



dhabbii baay'ee arguuf jira. Sunnaa kiyyaafi sunnaa khaliifota sirraawoo qabadhaa. Qarriffaadhaan ishee ciniinnadhaa. Wantoota haaraa uumamu irraa immoo akkaan eeggadhaa. Dhugumatti bida'aan hundinuu jallina." Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan. Tirmiziin hadiisichi hasan sahiiha jedhe.

## HADIISA

## 29

عن معاذ بن جبل ؓ، قال: قلت: يا رسول الله! أخبرني بعمل يدخلني الجنه ويباعدني عن النار، قال: **(لقد سألت عن عظِيم، وإنه ليسير على من يسره الله عليه: تعبد الله لا تشرك به شيئاً، وتقيم الصلاة، وتؤتي الزكاة، وتصوم رمضان، وتحج البيت)** ثم قال: **(ألا أدلك على أبواب الخير؟: الصوم جنة، والصدقة تطفىء الخطيئة كما يطفىء الماء النار، وصلاة الرجل في جوف الليل)** ثم تلا: ﴿**تتجافى جنوبهم عن المضاجع**﴾ حتى بلغ: ﴿**يعملون**﴾ [٣٢ سورة السجدة/ الأيتان: ١٦ و ١٧] ثم قال: **(ألا أخبرك برأس الأمر وعموده وذروة سنامه؟)** قلت: بلى يا رسول الله، قال: **(رأس الأمر الإسلام، وعموده الصلاة، وذروة سنامه الجهاد)** ثم قال: **(ألا أخبرك بملا ذلك كله؟)** فقلت: بلى يا رسول الله! فأخذ بلسانه وقال: **(كف عليك هذا)**، قلت: يا نبي الله وإنما لمؤاخذون بما نتكلم به؟ فقال: **(ثكلتك أمك وهل يكب الناس في النار على وجوههم -أو- قال: (على مناخرهم)- إلا حصائد ألسنتهم؟!)**. رواه الترمذي [رقم: ٢٦١٦] وقال: حديث حسن صحيح.

Mu'aaz bin Jabal irraa odeeffamee ؓ ni jedhe: 'yaa Ergamaa Rabbii! hojii jannata na galchuufi ibidda irraa

na fageessu natti himaa'n jedhe. Ni jedhan: "dhugumatti waan guddaa irraa gaafatteetta. Inni immoo nama Rabbiin ol ta'e isaaf laaffise irratti laafaadha. Rabbiin gabbarta; isatti homaa hin qindeessitu; salaata sirnaan salaatta; zakaa kennita; Ramadaana soomta; manicha (Ka'abaa) hajjaata." Sana booda ni jedhan: "hulaalee khayriitti immoo si akeekuu! Soomni gaachena. Sadaqaan immoo akka bishaan ibidda balleessu dilii balleessa. Ergasii 'salaanni namichi halkan keessa salaatu' jedhanii aayata ***"Cinaachi isaanii ciisicha irraa ni fagaatti. Sodaataafi kajeelaas Goftaa isaanii ni kadhatu. Waan isaaniif kennine irraas ni sadaqatu. Mindaa waan isaan hojjataa turaniif jecha, gammachuu ijaa irraa waan isaaniif dhokfame lubbuun tokkoyyuu hin beektu"*** jedhu qara'an. Sana booda ni jedhan: "mataa wantootaa, tu'oo (utubaa) isaatiifi gooba isaa kan olii sitti himuu?" 'Eeyyee yaa Ergamaa Rabbii'n jedhe. Ni jedhan: "mataan wantootaa Islaama; tu'oon isaa immoo salaata. Goobni isaa ol aanaan immoo jihaada." Sana booda ni jedhan: "waan sana cufa to'atu sitti himuu?" 'Eeyyee yaa Ergamaa Rabbii'n jedhe. Arraba isaanii qabanii "isa kana ofirratti qabi" jedhan. 'Yaa Nabiyyii Rabbii! Sila nuti waan dubbannuun ni qabamnaa?'n jedhe. Ni jedhan: "haati kee si haa dhabdu! Sila namoota waan arrabni isaanii oomishe malee fuula isaanii irratti yookiin funyaan isaanii irratti ni gombisaa?" Tirmiziitu gabaase. Hadiisichi hasan sahiihas jedheera.





# HADIISA

## 30

عن أبي ثعلبة الخشني جرثوم بن ناشر ﵁، عن رسول الله ﷺ، قال: **(إن الله تعالى فرض فرائض فلا تضيعوها، وحد حدودًا فلا تعتدوها، وحرم أشياء فلا تنتهكوها، وسكت عن أشياء رحمة لكم غير نسيان فلا تبحثوا عنها)**. حديث حسن، رواه الدارقطني [(في سننه) ٤/ ١٨٤]، وغيره

Abuu Sa'alabaa Alkhushanii, Jursuum bin Naashir irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "Rabbiin dirqamoota baay'ee dirqama godheeraa isa hin dhiphisinaa. Daangaa baay'ees daangesseeraa ishee hin dabrinaa. Wantoota hanga ta'anis haraama godheeraa isheetti hin seeninaa. Wantoota baay'ee irraammoo odoo hin dagatin isiniif rahmata gochuuf jecha calliseeraa ishee hin qoratinaa." Hadiisichi hasani. Daaraquxniifi kan birootu gabaasan.

# HADIISA

## 31

عن أبي العباس سهل بن سعد الساعدي ﵁، قال: جاء رجل إلى النبي ﷺ، فقال: يا رسول الله! دلني على عمل إذا عملته أحبني الله وأحبني الناس؛ فقال: **(ازهد في الدنيا يحبك الله، وازهد فيما عند الناس يحبك الناس)**. حديث حسن، رواه ابن ماجه [رقم: ٤١٠٢]، وغيره بأسانيد حسنه.

Abul Abbaas Sahl bin Sa'ad Assaa'idiyyi irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: namichi tokko gara Nabiyyii ﷺ dhufee 'yaa Ergamaa Rabbii! hojii yeroo an isa hojjadhe Rabbiin na jaallatuufi namoonnis na jaallatan naaf himaa' jedhe. Ni jedhaniin: "addunyaa irraa dantaa dhabi; Rabbiin si jaalataa. Waan namoota biraa irraa dantaa dhabi; namoonnis si jaalatu." Hadiisichi hasani. Ibnu Maajaahfi kan birootu sanada hasaniin gabaasan.

# HADIISA

## 32

عن أبي سعيد سعد بن مالك بن سنان الخدري ﵁، أن رسول الله ﷺ قال: (**لا ضرر ولا ضرار**). حديث حسن، رواه ابن ماجه [راجع رق: ٢٣٤١] والدارقطني [رقم: ٤/ ٢٢٨] وغيرهما مسندا. ورواه مالك [٢ / ٧٤٦] في (الموطأ) عن عمرو بن يحي عن ابيه عن النبي ﷺ مرسلا، فأسقط أبا سعيد، وله طرق يقوي بعضها بعضًا.

Abuu Sa'iid, Sa'ad bin Maalik Alkhudrii irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "odoo hin beekin miidhuun hin ta'u; itti yaadanii miidhuunis hin ta'u[1]." Imaamu Maalik Muwaxxa'a keessatti mursala

1 Hiika hadiisa kanaa keessatti waan baay'ee jedhameera. Kan afaan namootaa irraa baay'inaan beekamu 'miidhuun hin jiru; miidhamuunis hin jiru' isa jedhuudha. Kun immoo warra sharhiin ibse biratti baay'ee hin beekamu. Garuu hiikni Ibn Daqiiq Al-iid tokko xiqqoo isa ni deeggara. Hiikti ani gubbaatti dubbadhe kan Usaymiini. Hiikti biraa kan jiru immoo 'ofiin lafaa ka'anii miidhuun hin ta'u; gumaa ba'achuu keessattis miidhuun hin jiru' kan jedhuudha. Isa kana immoo sharhiin baay'een dubbateera. Wallaahu a'alam.





godhanii Amr bin Yahyaa irraa inni immoo abbaa isaa irraa innis Nabiyyii ﷺ irraa odeesse. Abuu Sa'iidiin ni kuffise. Inni karoolee hedduu kan gariin ishee garii jabeessitu qaba.

# HADIISA

## 33

عن ابن عباس ﵄، أن رسول الله ﷺ، قال: (**لو يعطى الناس بدعواهم، لادعى رجال أموال قوم ودماءهم، لكن البينة على المدعي واليمين على من أنكر**). حديث حسن، رواه البيهقي [في (السنن)١٠/٢٥٢] وغيره هكذا، وبعضه في (الصحيحين).

Ibn Abbaas irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "namoonni odoo falmii isaanii qofaan isaaniif kennamee silaa dhiiroleen qabeenya ummataafi dhiiga isaaniis ni falmu turan. Garuu isa falmu irra ragaa fiduutu jira. Isa mormu irrammoo kakaatu jira." Hadiisichi hasani. Bayhaqiifi nama biraatu haala kanaan gabaase. Gariin isaa immoo sahiihaynii keessa jira.

# HADIISA

## 34

**عن أبي سعيد الخدري ﵁، قال: سمعت رسول الله ﷺ يقول: (من رأى منكم منكرًا فليغيره بيده، فإن لم يستطع فبلسانه، فإن لم يستطع فبقلبه، وذلك أضعف الإيمان)**. رواه مسلم [رقم: ٤٩].

Abuu Sa'iid Alkhudrii irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga'e: "namni isin irraa badiidhaa hojjatamuu arge harka isaatiin isa haa jijjiiru (dhaabu); yoo hin danda'in arraba isaatiin yoo hin danda'in qalbii isaatiin (haa jibbu). Inni kun iimaana dadhabaadha." Muslimtu gabaase.

# HADIISA

## 35

عن أبي هريرة رضي الله عنه، قال: قال رسول الله ﷺ: (**لا تحاسدوا، ولا تناجشوا، ولا تباغضوا، ولا تدابروا، ولا يبع بعضكم على بيع بعض، وكونوا عباد الله إخوانا، المسلم خو المسلم، لا يظلمه ولا يخذله، ولا يكذبه، ولا يحقره، التقوى ها هنا**) ويشير ﷺ إلى صدره ثلاث مرات - (**بحسب امرىء أن يحقر أخاه المسلم، كل المسلم على المسلم حرام: دمه وماله وعرضه**). رواه مسلم [رقم: ٢٥٦٤].

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "wal hin waanyinaa (hin hassadinaa); meeshaa bituu hin feene gatii walitti hin dabalchiisinaa; wal hin jibbinaa; dugda walitti hin galinaa; gariin keessan gurgurtaa garii irratti hin gurgurinaa; yaa gabroota Rabbii obboleeyyan ta'aa! Muslimni obboleessa Muslimaati; isa hin miidhu; diinatti isa dabarsee hin kennu; isa hin kijibsiisu. Isa hin xiqqeessu. -Gara qoma isaaniitti akeekaa yeroo sadii- sodaan Rabbii asi. Obboleessa isaa



Muslimaa xiqqeessuun sharriidhaaf namaaf ga'aadha. Muslimni hundinuu Muslima irratti dhiigni isaa, qabeenyi isaafi kabajaa isaa tuquun haraama." Muslimtu gabaase.

# HADIISA

## 36

عن أبي هريرة رضي الله عنه، عن النبي ﷺ، قال: (**من نفس عن مؤمن كربة من كرب الدنيا نفس الله عنه كربة من كرب يوم القيامة، ومن يسر على معسر يسر الله عليه في الدنيا والاخرة، ومن ستر مسلما ستره الله في الدنيا والأخرة، والله في عون العبد ما كان العبد في عون أخيه، ومن سلك طريقا يلتمس فيه علما سهل الله له به طريقا إلي الجنه، وما اجتمع قوم في بيت من بيوت الله يتلون كتاب الله، ويتدارسونه بينهم؛ إلا نزلت عليهم السكينه، وغشيتهم الرحمه، وحفتهم الملائكة، وذكرهم الله فيمن عنده، ومن أبطأ به عمله لم يسرع به نسبه**). رواه مسلم [رقم: ٢٦٩٩] بهذا اللفظ.

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "namni Muslima irraa rakkoo rakkoowwan addunyaa irraa ta'e fure Rabbiin rakkoo rakkoowwan Guyyaa Qiyaamaa irraa ta'e isaaf fura. Nama rakkataa irratti laaffise Rabbiin addunyaafi aakhiraatti isarratti laaffisa. Nama hanqina Muslimaa dhokse Rabbiin aaddunyaafi aakhiraatti hanqina isaa dhoksa. Hanga gabrichichi gargaarsa obboleessa isaa keessa jiruun Rabbiin gargaarsa isaa keessa jira. Namni karaa tokko beekumsa isa keessa barbaachaaf seene Rabbiin isaan karaa jannataa isaaf laaffisa. Ummanni

wahii mana manneen Rabbii irraa ta'e keessatti walitti qabamanii kitaaba Rabbii qara'aa, jidduu isaaniittis isa walbarsiisaa teenyaan tasgabbiin isaan irratti buutee, rahmanni isaan haguugee, maleykonni isaan marsiteefi Rabbiin warra Isa biraa keessatti isaan dubbatu malee hin hafu. Namni hojiin isaa booda isa aanse gosti isa fuulduratti isaan hin ariifatu." Muslimtu jecha kanaan gabaase.

## HADIISA

## 37

عن ابن عباس ﵄، عن رسول الله ﷺ فيما يرويه عن ربه تبارك وتعالى، قال: (**إن الله تعالى كتب الحسنات والسيئات، ثم بين ذلك، فمن هم بحسنة فلم يعملها كتبها الله عنده حسنة كاملة، وإن هم بها فعملها كتبها الله تعالى عنده عشر حسنات إلى سبعمائة ضعف إلى أضعاف كثيرة، وإن هم بسيئة فلم يعملها كتبها الله عنده حسنة كاملة، وإن هم بها فعملها كتبها الله عنده سيئة واحدة**). رواه البخاري [رقم: ٦٤٩١] ومسلم [رقم: ١٣١] في (صحيحيهما) بهذه الحروف.

Ibn Abbaas irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ waan Rabbii isaanii ol ta'e irraa odeessan keessatti ni jedhan: "Rabbiin dalagaa gaggaariifi hamtuus barreessee ergasii sana adda baasee ibse. Namni khayrii tokko yaadee odoo hin hojjatin hafe Rabbiin isa biratti khayrii guutuu taasisee isaaf barreessa. Yoo ishee yaadee hojjate immoo Rabbiin ol ta'e isa biratti khayrii kudhanii hanga dachaa





dhibba torbaa hanga dachaa baay'ee taasisee barreessa. Yoo hamtuu wahii yaadee odoo ishee hin hojjatin hafe immoo Rabbiin isa biratti khayrii guutuu taasisee barreessa. Yoo ishee yaadee hojjate immoo Rabbiin isa biratti badii tokkittii barreessa." Bukhaariifi Muslimtu sahiiha isaanii lamaan keessatti gabaasan. Yaa obboleessa kiyya mee ilaali Rabbiin nuufi sillee gara marartee Rabbii guddaa ta'ee haa waffaquu jechoota kanas bareechii xiinxali. Jechi isaa kan "isa biratti" jedhu xiyyeeffannoo itti kennuu akeeka. Jechi "guutuu taasisee" jedhus jabeessuufi xiyyeeffannoo kennuufii akeeka. Badii ishee namichi yaadee ergasii odoo hin hojjatin dhiise keessatti "Rabbiin isa biratti khayrii guutuu taasisee barreessa" jedhe. 'Guutuu taasisee' jechuudhaan ishee jabeesse. Yoo badittii hojjate immoo dilii tokkittii barreessa. Ishee xiqqeessuu keessatti jabeessee "tokkittii" jedhe. 'Guutuu' jedhee ishee hin jabeessine. Faaruufi tolli kanuma Rabbiiti. Qulqullina Isaaf malu isa qulqulleessina; faaruu isaas lakkoofnee hin fixnu. Haqa qunnamuun Rabbuma biraayi.

## HADIISA

## 38

عن أبي هريرة ﵁، قال: قال رسول الله ﷺ: (**إن الله تعالى قال: من عادى لي وليا فقد آذنته بالحرب، وما تقرب إلي عبدي بشيء أحب إلي**

**مما افترضته عليه، ولا يزال عبدي يتقرب إلي بالنوافل حتى أحبه، فإذا أحببته كنت سمعه الذي يسمع به، وبصره الذي يبصر فيه، ويده التي يبطش بها، ورجله التي يمشي بها، ولئن سألني لأعطينه، ولئن استعاذني لأعيذنه)**. رواه البخاري [رقم: ٦٥٠٢].

Abuu Hurayraa irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "Rabbiin ol ta'e ni jedhe: 'nama jaalallee kiyya diina godhate dhugumatti lola isatti beeksiseera. Gabrichi kiyya waan ani dirqama isarratti godherra waan gara kootti jaallatamuun natti hin dhihaatu. Gabrichi kiyya immoo dabalataan (sunnaadhaan) gara kiyyatti dhihaannaan isa jaaladhu malee hin hafu. Yeroon isa jaaladhe dhageettii isaa kan inni ittiin dhaga'u, agartuu isaa kan inni ittiin argu, harka isaa kan inni ittiin waa qabuufi miila isaa kan inni ittiin deemun ta'aaf. Yoo inni na kadhateef dhugumatti isaaf nan kenna. Yoo inni natti maganfates dhugumatti isa nan tiksa." Bukhaariitu gabaase.

# HADIISA

## 39

عن ابن عباس رضي الله عنهما، أن رسول الله ﷺ قال: (**إن الله تجاوز لي عن أمتي الخطأ والنسيان وما استكرهوا عليه**). حديث حسن، رواه ابن ماجه [رقم: ٢٠٤٥] والبيهقي [(السنن) ٧ / ٣٥٦] وغيرهما.

Ibn Abbaas irraa odeeffamee رضي الله عنهما ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "Rabbiin ol ta'e ummata kiyyaaf dogongora, daguu (irraanfii)fi waan isaan irratti dirqisiifaman irra naaf dabreera." Hadiisichi hasani. Ibn Maajaah, Bayhaqiifi kan birootu gabaasan.





# HADIISA

## 40

عن ابن عمر رضي الله عنهما، قال: أخذ الرسول ﷺ بمنكبي، فقال: (**كن في الدنيا كأنك غريب أو عابر سبيل**). وكان ابن عمر يقول: إذا أمسيت فلا تنتظر الصباح، وإذا أصبحت فلا تنتظر المساء، وخذ من صحتك لمرضك، ومن حياتك لموتك. رواه البخاري [رقم: ٦٤١٦].

Ibn Umar irraa odeeffamee رضي الله عنهما ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ gurmuu kiyya lamaan qabanii ni jedhan: "ati addunyaa keessatti akka nama fagoo wahii yookiin karaa dabraa jiruu ta'i." Ibn Umar sana booda ni jedha ture: "yeroo galgaleeffatte ganama hin eegin; yeroo ganamfatte (ibsatte) immoo galgala hin eegin. Fayyummaa kee irraa yeroo dhukkuba keetiitiif qabadhu (hojjatadhu). Yeroo lubbuun jirtu immoo du'aaf qabadhu (hojjadhu)." Bukhaariitu gabaase.

# HADIISA

## 41

عن أبي محمد عبدالله بن عمرو بن العاص رضي الله عنهما، قال: قال رسول الله ﷺ: (**لا يؤمن أحدكم حتى يكون هواه تبعا لما جئت به**). حديث حسن صحيح. رويناه في كتاب (الحجة) بإسناد صحيح.

Abuu Muhammad, Abdullaah bin Amr bin Al-aas irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “tokkoon keessan hanga fedhiin isaa waan an ittiin dhufe kan hordofu ta’utti hin amanne.” Hadiisichi sahiiha. Kitaaba Hujjaa keessatti sanada sahiihaan isa odeessineerra.

# HADIISA

## 42

عن أنس ﵁، قال: سمعت رسول الله ﷺ يقول: **(قال الله تعالى: يا ابن ادم! إنك ما دعوتني ورجوتني غفرت لك على ما كان منك ولا أبالي، يا ابن آدم! لو بلغت ذنوبك عنان السماء، ثم استغفرتني غفرت لك، يا ابن آدم! إنك لو اتيتني بقراب الأرض خطايا ثم لقيتني لا تشرك بي شيئا لأتيتك بقرابها مغفرة)**. رواه الترمذي [رقم: ٣٥٤٠] وقال: حديث حسن صحيح.

Anas irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga’e: Rabbiin ol ta’e ni jedhe: “yaa ilmaan Aadam! Hanguma ati na kadhattee narra kajeelteen waan (dilii) sirraa argame hundaa siifan araarama; homaa dhimma hin godhadhu. Yaa ilmaan Aadam! Odoma diliin kee hanga duumessa samii ga’ee ergasii araarama narra barbaaddeeyyuu siifan araarama. Yaa ilmaan Aadam! Odoo dilii dachii guutuutti dhihaateen natti dhuftee ergasii haala homaa natti hin qindeessiniin na qunnamtee araarama guutuu isheetiinin sitti dhufa.” Tirmiziitu gabaase. Hadiisichi hasan sahiiha jedhe.





# HADIISA

## 43

عن ابن عباس ﵄، قال: قال رسول الله ﷺ: **(ألحقوا الفرائض بأهلها، فما أبقت الفرائض، فلأولى رجل ذكر)**. رواه البخاري [رقم: ٦٧٣٢]، ومسلم [رقم: ١٦١٥].

Ibn Abbaas irraa odeeffamee ﵄ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “dhaala isa Qur’aana keessatti murtaa’e abbaa isaatti dhaqqabsiisaa. Wanti dhaalichi hambise immoo kan dhiira isa (namicha du’etti) irra dhihooti.[1]” Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

1 Yeroo namni tokko maatiifi firoottan isaa dhiisee du’e qabeenyi isaa jidduu isaaniitti qoodama. Yeroo baay’ee dhaalli kan qoodamu ijoollee yatiima, dadhaboofi warra of hin dandeenyeef waan ta’eef Rabbiin ofumaa isaatiif Qur’aana keessatti ibsee adda baasee nuuf kaa’e. Suuraa Nisaa’ii keessatti tokko tokkoon dhaaltotaa maal argachuu akka qaban nuuf ibseera. Ergamaa isaatiifuu odoo hin dhiisin waa’ee isaa bal’inaan ofumaaf ibse. Sababni isaas akka yaanni garaa garaa keessa seenee isa hin faallessineef. Ergamaan Rabbii ﷺ hadiisa Abdullaah bin Mas’uud keessatti akka nuti waa’ee dhaalaa barannee namootas barsiifnu nu ajajaniiru. Akka beektoleen jedhanitti waa’ee dhaalaa baratanii ittiin hojjachuun beekumsa shari’aa keessaa iddoo guddaa qaba. Ulamoonni kitaaba of danda’een bifa hedduun: walaloofi barreeffamaan kaa’aniiru. Ahkaama isaa hubachuuf aayata suuraa Nisaa’ii keessa jiru sadaniifi hadiisa Ibnu Abbaas dhufuu deemu hubachuun nuuf ga’aa dha. Aayata sadan kanaa gaditti yoo Rabbiin fedhe nan dubbadha. Isaaniin ala ahkaamni waa’ee dhaalaa dhufu baay’ee xiqqoo dha.

***Aayata duraafi lammaffaa Hiika Isaanii wajjiin***

Rabbiin ilmaan keessan keessatti isiniif dhaama. Dhiiraaf fakkaataa qooda durba lamaatu jira. Yoo dubartii lamaafi sanaa ol ta’an, lama sadaffaa waan inni (namichi du’e) dhiiseetu isaaniif jira. Yoo tokko qofa taate walakkaatu isheef jira. Yoo isaaf (nama du’eef) ilmaan jiraate, abbaafi haadha isaatiif

waan inni dhiise irraa tokko tokkoon isaaniitiif tokko jahaffaatu jiru. Yoo ilmi isaaf hin jiraatin, abbaafi haati isaa isa dhaalan immoo haadha isaatiif tokko sadaffaatu jira. Yoo obboleeyyan isaaf jiraatan immoo haadha isaatiif tokko jahaffaatu jira. (Kun hundinuu kan qoodamu) booda dhaamsa inni dhaammate yookiin dayniitiyyi. Abbootii keessaniifi ilmaan keessan eenyuu isaaniitu bu'aa isiniif buusuutti dhihoodhaa hin beektanu. Murtii Rabbi irraa ta'e (Rabbiin murteesseera). Rabbiin beekaa, ogeessa ta'eera. Yoo ilmoon isaaniif hin jiraatin walakkaa waan haati manaa keessanii dhiisaniitu isiniif jira. Yoo ilmoon isaaniif taate immoo tokko arfaffaa waan isaan dhiisaniitu isiniif jira. (Kun) booda dhaamsa isaan dhaammatanii yookiin dayniitiyyi. Yoo ilmoon isiniif hin jiraatin tokko arfaffaa waan isin dhiiftaniitu isaaniifis jira. Yoo ilmoon isiniif jiraatte immoo tokko saddeetaffaa waan isin dhiiftaniitu isaaniif jira. (Kun) booda dhaamsa isin dhaammattanii yookiin dayniitiyyi. Haala obboleessa yookiin obboleettii qabuun yoo dhiirri kan abbaa, haadhaafi ilmaan hin qabne ta'ee dhaalamu argame yookiin dubartiinis (argamte) tokko tokkoon isaaniitiif tokko jahaffaatu jira. Yoo sanaa ol ta'an immoo isaan tokko sadaffaa keessatti hirmaattoota. (Kun) haala miidhamuun hin argaminiin booda dhaamsa ishee dhaamamee yookiin dayniitiyyi. Dhaamsa Rabbi irraa (isiniif dhaamamee dha). Rabbiin beekaa, obsaa dha. (Nisaa'ii: 11-12).

***Aayata Dhumaatiifi Hiika Ishee***

Si gaafatu. Jedhi: "Rabbiin waa'ee 'kalaalah' (nama jalaafi gubbaanis kan isa dhaalu hin qabne) keessatti isiniif ibsa. Yoo namni ilma hin qabne tokko obboleettii odoo qabuu du'e isheef walakkaa waan inni dhiiseetu jira. Innis yoo isheen ilma hin qabaatin ishee dhaala. Yoo isaan (obboleettiiwwan) lama ta'an, isaaniif dhaala inni dhiise irraa lama sadaffaatu jira. Yoo obbolaan dhiirotaafi dubartoota ta'an dhiiraaf fakkii qooda dubartii lamaatu jira. Rabbiin akka isin hin jallanneef isiniif ibsa. Rabbiin waan hunda beekaa dha." (Nisaa'ii: 176)

Namni aayatoota kana xiinxale akkaataa qoodaa gabaabinaan ni hubata. Wanti nama ajaa'ibu immoo erga Rabbiin kana hunda waggaa kumaafi dhibba afuriin dura nuuf ibseeyyi har'a warri dhihaafi bahaa lafaa ka'anii dhaala isa sirrii haqa ta'e nutu beeka jechuu eegalan. Rabbiin inni uume eenyu maal akka fudhachuu qabu murteessee nutti himnaan isaan immoo Rabbirra nutu beekee isinitti hima jechuu jalqaban. Kun dalagaa Yahuudaafi warra dhihaa waan ta'eef gochuma shayxaanaati jenna malee homaa dubbii hin barbaachisu.





# HADIISA

## 44

عن عائشة رضي الله عنها، عن النبي ﷺ قال: **(الرضاعة تحرم ما تحرم الولادة)**.
رواه البخاري [رقم: ٢٦٤٦]، ومسلم [رقم: ١٤٤٤].

Aa'ishaa irraa odeeffamee رضي الله عنها ni jette: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "hoosifni waan dhalootaan haraama ta'e hundaa haraama gooti." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

**Waan hadiisicha irraa fudhatamu**

1. Wantoonni firoomaan dhorgaman kan akka fuudhaa hoosisaanis ni dhorgama.
2. Namni ishee irraa hodheef fira ta'u isa hodheefi ilmaan isaa qofa malee obbolaafi abbootii isaa hin dabalatu.
3. Haati hoosisaa immoo firri ishee hunduu isa hodheef fira. Inni akkuma ilmoo isheetti lakkaa'ama.

# HADIISA

## 45

عن جابر بن عبد الله أنه سمع رسول الله ﷺ عام الفتح وهو بمكة
يقول: **(إن الله ورسوله حرم بيع الخمر والميتة والخنزير والأصنام)**
فقيل: يا رسول الله أرأيت شحوم الميتة، فإنه يطلى بها السفن، ويدهن

بها الجلود، ويستصبح بها الناس؟ قال: (**لا وهو حرام**)، ثم قال رسول الله ﷺ: (**قاتل الله اليهود، إن الله حرم عليهم الشحوم، فأجملوه، ثم باعوه، فأكلوا ثمنه**). رواه البخاري [رقم: ٢٢٣٦]، ومسلم [رقم: ١٥٨١].

Jaabir irraa odeeffamee ﵁ inni Nabiyyiidhaa ﷺ bara Fathii Makkaa Makkatti jedhanuun dhaga’e jedhe: “Rabbiin guddatee ol ta’eefi ergamaan Isaa daldala khamrii, du’aa, booyyee (harayaa)fi sanamaa haraama godheera.” Ni jedhame: ‘yaa Ergamaa Rabbii! Mee waa’ee moora du’aa nuuf himaa! isheedhaan dooniin urate duuchama. Gogaan isaan laaffifama. Namoonnis isaan ibsatuu akkami?’ Achumaan ni jedhaniin: “Lakkisaa hin ta’u! Inni haraama.” Sana booda Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “Rabbiin Yahuudota haa abaaru! Yeroma Rabbiin moora isaan irratti haraama godhu isa baqsanii ergasii isa gurguranii qarshii isaa nyaatan.” Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

# HADIISA

## 46

عن أبي بردة، عن أبيه أبي موسي الأشعري أن النبي ﷺ بعثه إلى اليمن، فسأله عن أشربة تصنع بها، فقال: (وما هي؟) قال: (**البتع والمزر**)، فقيل لأبي بردة: وما البتع؟ قال: نبيذ العسل والمزر نبيذ الشعير، فقال: (**كل مسكر حرام**). رواه البخاري [رقم: ٦٢١٤].

Abuu Burdaan abbaa isaa Abuu Muusaa Al-ash’arii irraa odeeffassee ﵁ ni jedhe: Nabiyyiin gara Yamanitti isa





erganii dhugaatii achitti hojjatamu irraa isa gaafatanii “maal isheen?” jedhan. Innis ‘bit’iifi mizrii’[1]dha jedhe. Achumaan Abuu Burdaadhaan ‘bit’ii’n maali jedhame. Innis ‘bit’ii’n cuunfaa dammaati; ‘mizrii’n immoo cuunfaa garbuuti jedhe. Ergamaan Rabbii ﷺ achumaan “wanti macheessu hundinuu haraama” jedhan. Bukhaariitu gabaase.

# HADIISA

## 47

عن المقدام بن معد يكرب ﵁ قال: سمعت رسول الله ﷺ يقول: (**ما ملأ آدمي وعاء شرا من بطنه، بحسب ابن آدم أكلات يقمن صلبه، فإن كان لا محالة، فثلث لطعامه، وثلث لشرابه، وثلث لنفسه**). رواه أحمد [رقم: ١٣٢/٤]، والترمذي [رقم: ٢٣٨٠]، وابن ماجه [رقم: ٣٣٤٩]، وقال الترمذي حديث حسن

Almiqdaad bin Ma’adi-yakriba irraa odeeffamee ﵁ ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga’e: “ilmaan Aadam qalqalloo sharrii garaa isaa caalu guutee hin beeku. Ilma Aadamiif nyaanni lafee dugda isaa dhaabu ga’aadha. Yoo kan hafiinsa hin qabne ta’eef tokko sadaffaa garaa isaa nyaata isaatiif, tokko sadaffaa dhugaatii isaatiif, tokko sadaffaa immoo qilleensa isaatiif haa taasisu.” Imaamu Ahmad, Tirmizii, Nasaa’iifi Ibn Maajaahtu gabaasan. Tirmiziin hadiisichi hasani jedhe.

1 Jechi kun akkuma Abuu Burdaan odeesse bit’iin isa yeroo ammaa birzii jedhamu yoo ta’u mizriin immoo waan garbuufi bishaan wal makuun hojjatamuudha.

## Hadiisa

### 48

عن عبدالله بن عمرو رضي الله عنهما عن النبي ﷺ قال: **(أربع من كن فيه كان منافقا، وإن كانت خصلة منهن فيه كانت فيه خصلة من النفاق حتى يدعها: من إذا حدث كذب، وإذا وعد أخلف، وإذا خاصم فجر، وإذا عاهد غدر)**. رواه البخاري [رقم: ٣٤]، ومسلم [رقم: ٥٨]

Abdullaah bin Umar irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "namni waa afur isa keessatti argame munaafiqa ta'a; namni qoodaan isaan irraa ta'e wahii isa keessatti argame immoo hanga ishee dhiisutti qoodaan munaafiqummaa irraa ta'e isa keessa jiraata. Ogga dubbate ni soba; ogga baallame ni hafa; ogga falme jallinaan falma. Yeroo kakatee waadaa seene ni diiga."Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

## Hadiisa

### 49

عن عمر بن الخطاب رضي الله عنه عن النبي ﷺ قال: **(لو أنكم توكلون علي الله حق توكله لرزقكم كما يرزق الطير، تغدو خماصا، وتروح بطانا)**.
رواه أحمد [رقم: ١/٣٠ و ٥٢]، والترمذي [رقم: ٢٣٤٤]، والنسائي في (الكبرى) كما في (التحفة) [رقم: ٧٩/٨]، وابن ماجه [رقم: ٤١٦٤]. وصححه ابن حبان (٧٣٠)، والحاكم ٣١٨/٤، وقال الترمذي: حسن صحيح.

Umar bin Alkhaxxaab irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe:





Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: "odoo isin dhugaa hirkannaa Isaa Rabbirratti hirkattanii silaa akkuma simbirrota soorutti isinis soora ture. Isheen ganama garaa duwwaa baatee galgala garaa guuttattee deebiti."Imaamu Ahmad, Tirmizii, Nasaa'ii, Ibn Maajaah, Ibn Hibbaan sahiiha isaa keessattiifi Haakimtu gabaasan. Tirmiziin hadiisichi hasan sahiiha jedhe.

## Hadiisa

### 50

عن عبدالله بن بسر رضي الله عنه قال: أتي النبي ﷺ رجل، فقال: يا رسول الله إن شرائع الإسلام قد كثرت علينا، فباب نتمسك به جامع؟ قال: **(لا يزال لسانك رطبا من ذكر الله عزوجل)**. رواه أحمد [رقم: ١٨٨].

Abdullaah bin Busr irraa odeeffamee رضي الله عنه ni jedhe: namni wahii Nabiyyiitti ﷺ dhufee 'yaa Ergamaa Rabbii dameen seerolee Islaamaa nutti baay'ataniiru; hulaa walitti qabataa kan nuti isa qabannu (nuuf himaa)' jedhe. Ni jedhaniin: "arrabni kee zikrii Rabbiitiin jiidhaa ta'uu irraa hin dabin." Imaamu Ahmadtu jecha kanaan gabaase.

## Xumurame

Rahmanni Rabbii fi nageenyi isaa Nabiyyii keenya, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi namoota hanga Qiyaamaatti isaan hordofan irra haa jiraatu.

IslamHouse.com
IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/
IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com
GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com
Guidetolslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة
هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧
ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH
P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126